s

Darbiinsa yeroo seera hojjataaf hojjachiisa irratti raawwatiinsa qaban , haalota darbiinsa yeroo addaan kutan fi bu'aawwan isaani.

Semir j. https://t.me/SJ1justice

==========//==========//==========//==========

Darbiinsa yeroo jechuun :- akkaa Blacks law dictonery 2nd eddtion darbiinsa yerootiif hiikaa kennetti "A certain time allowed by a statute for litigation." jechuun hiikoo itti kennee jira kana jechuun daangaa yeroo seeraan kaa'ame ta'e turtti sana keessaa falmiin kan godhamuu ykn eyyamamu akka jechuuti. (Hiika akka an hiiketti.) Akka jecha galmee kana irra hubatamutti **darbiinsa yeroo jechuun** daangaa yeroo seeraan dhimma mirga irraa qabnuu tokko gaafachuuf ka'amee jechuudha. Kana jechuun immoo turttiin daanga darbiinsa yeroo *kun nama abbaa mirgaa ta'e tokkoo mirgaa isaa kan dhabsiisu ta'ee nama mirgaa hin qabne immoo abbaa mirgaa kan taasisudha.*

- ✓ **Kaayyoon darbiinsa yeroo** mirgaaf dirqama seeraa bu'uuraa kamiinuu keessatti teechifame daangaa seeran ka'aame ykn qajeelfame keessatti mana murttiitti ykn qaama aangoo qabuu biratti gaaffiin yoo hin dhihaanne mirgaaf dirgamnni sun yeroo itti hafaa ta'u dha.
- ✓ Darbees **kaayyoon darbiinsa yeroo** inni guddaan darbiinsa yeroo sababa turttin yeroo murtta'een booda qabeenya tokko namnni qabatee kunuunse nama qabeenyaa kana gaafachuuf dhufu mirga isaa darbaa yeroottin daangessuun hawaasa tasgabbaa'a uumuudha. Dabalataanis darbiinsa yeroo yoo jennu abbaa mirgaa yeroodhaan mirga ofitti fayyadamuu qaba.abbaan idaan isaas umurii isaa guutuu yaadaan dhiphachuu hin qabu. Seerri abba mirgaa ofgataa irraa abba idaa qalbbi qabu waan deeggaruuf himanni yeroo seeraan dangefame keessatti yoo hin dhiyaanne mirggi himachuu seeraan dangefama jechuudha.

Darbiinsa yeroo seeraan kaa'ame keessatti dhimmoonni yoo hin dhiyaannee mormii sadarkaa duraa irratti falmmii bitaa mirgaa gaggeefame raga barbaachisu waliin manni murtii ilaaluun dhimmi sun darbiinsa yeroo jalatti yoo kufe, bu'uura seera DFHH keewwata 245(5) murtti

kennuu akka qabuu ni ka'a. kanaaf osoo ijoo dubbitti hinseenamin dhimmi sun kufaa ta'a jechuudha.

Darbiinsa yeroo falmii hojii.

Hojjataan mirgoota gara gara bu'uura labsichaatiin qabu gaafachuuf ykn argachuuf turtii yeroo seeraan kaa'ame keessatti himannaa isaa dhiyeefachuu qaba. Akka waligalatti yeroo ilaalamu turttin darbiinsa yeroo tumaalee LHH 1156/2011 jalatti kaa'ame gabaabadha Jechuun ni danda'ama kunis falmiin hojii nageenya industurii, oomishtummaa fi bu'a qabeessumma dhaabbata tokkoo irratti dhiibbaan hordofsiisu cimaa waan ta'eef hanga danda'ametti yeroo gabaabaa keessatti furmaata argachuu qaba yaada jedhuu ilalalcha keessa kan galchedha.

- ✓ Dhimma HH (hojjataaf hojjachiisaa) keessatti haala addaan kan ibsame yoo ta'e male gaaffi mirga ***hariiroo hojii bu'uurefachuun*** dhiyaatan waggaa tokko booda hafa ta'a. akka tumaa kanatti falmiwwan hojii keessatti gaaffileen mirgaa (claims) adda adda ka'an wagga tokko keessatti gafatamu qabu. Kan jedhu of keessa qaba.
- ✓ Hojjataan seeraaan ala hojii irraa gaggeefamee hojii irraa gaggeefamuun koo seeraan ala waan ta'eef hojiitti akkan deebi'uuf akka naaf murtaa'u jechuun gaaffiin dhiyeessu guyyaa waliigalteen addaan cite irraa jalqabee ji'a sadii keessatti dhiyaachuu qaba.
- ✓ Gaaffiin kaffaltti mindaa, kaffaltti sa'a darbaa (overtime) fi kaffalttiwwan biro yeroo itti kaffalamuu qabu kaasee (from date its due) ji'a ja'a keessatti dhiyaachuu qaba. Kana males kaffalttin bifa kamiyyuu guyyaa waligalteen adda cite irraa jalqabee baatii 6 booda dhiyaatu darbiinsa yeroottin akka daanga'u tumaan labsii seera hojjataaf hojjachiisa jalatti ta'ee jiru labsi lakk, 1156/2011 kewwt. 163 (1, 2, 3 4) irra dubbisuun ni danda'ama. Kanaan wal qabatee dhaddachi ijibaata jilddii 15 ffaa lakk galmee 79476 ta'e irratti kaffalttin hojii walaiin wal qabatu darbiinsi yeroo isaa kan inni lakka'aamu jalqabuu guyyaa kaffalttin naaf mala jedhee gaafatu irraa jalqabee ji'a 6 (ja'a) keessatti akka ta'uu qabuu fi guyyaa waliigalteen adda cite irraa jalqabee akka hin taanee wal qabsiisuun murtii itti kennee jira.

https://t.me/SJ1justice

Dhimmoota darbiinsa yeroo labsii hojjataaf hojjachiisaa jalatti hin techifamneef rawwatiinsa kan qaban immoo seroota rogummaa qaban kan biroon ni bitama.

haalota darbiinsa yeroo addaan kutan fi bu'aa isaa.

Akkuma labsicha kewwt.165 jalatti ibsamee sababa addda addaan darbiinisi yeroo gargar cituu ni danada'a.

1. Himatni qaama falmii hojii murteessuuf aangoon kennameef biratti dhiyaatee ilaalamaa kan jiru yeroo ta'u hanga murttiin dhumaa kennamutti darbiinssi yeroo kan hin lakkaawwamnne ta'u isaa. Labsii HH kewwt.165/1 qaamnii angoon kennameef LHH Kewwt.138-156 jiran dubbisuun ni danda'ama.
2. Qaama labsichaa raawwachisuuf aangoon kennameef biratti iyyannoon dhiyaatee hanga murttiin dhumaa barrefamaan kennamutti. Labsii HH kewwt.165/2.
3. Qaamnii gaafatamummaa qabu mirga abbaa mirgaaf barreefamaan beekamtti kan kennu yoo ta'e ykn kaffaltti raawwachuu yoo jalqabe darbiinsi yeroo adda kan citu ta'a. yaa ta'u malee haala kanaan darbiinsi yeroo si'a sadii caala adda cituu hin danda'u. labsii HH kewwt. 165/3

   Bu'a darbiinsi yeroo hordofsiisu yeroo ilaallu.

   - ✓ Darbiinnssi yeroo abbaan mirgaa tokko mirgaa isaa yeroo inni itti gaafatee argachuuf daanga'u, yeroo sana keessatti yoo hin gaafanne immoo kan dhabuu danda'uu fi namnni abbaa mirgaa hin taane immoo akka inni abbaa mirgaa ta'u ni taasisa. Seera HH kewwt 1849 fi 1850 ilaaluun ni danda'amaa. Garuu immoo Seera hariiroo hawaasa kewwt.1852 irra akka hubtamuttii darbiinsi yeroo yoo addaan cite akka haaratti kan lakkawamu ta'a.

https://t.me/SJ1justice

Maddoota wabii;

Kitaaboota fi barreefamoota adda adda.

1. moojulii leenjii hojiin duraatiif qophaa'e caamsaa 2012 ILQSO.

2. murtti dhaddacha ijibaata jildii 15 ffaa lakk 79476 irratti kenne.

3.ይርጋ በኢትዮጵያ ህግ kitaaba Efreem Asmaariin barra'ee

4, kitaaba pro xilahuun teshoome law contract Afaan Amaariffaan barra'e.

5, kitaaba adeemsa hariirro hawaasa Muhammad nuree tayyibin barraa'e.

semir j. (L.L.B) Ogeessa seeraa (dubbi fixaa) Dhaabbata Humna Elektirikii Itoophiyaa.

Dogoggora jiruuf na ofkolcha Yaada keessan naaf barreessaa.

jibrilsemir@gamil.com https://t.me/SJ1justice

Telegram join us through these link: https://t.me/SJ1justice